

سُورَةُ الزُّخْرُفِ
Suuraa Zukhruf

*Isiin suuraa makkaatii aayata 54 malee isiin tarnadiina'aati . وهي سورة مكية الا الآية (٥٤) فهي مدنية

* Aayaanni isiidhaa saddeettamii sagali وآياتها (٨٩)

*Lakkooyi isiidhaa afyrtamii sadii وترتيبها (٤٣)

*Isiin eega suuran {shuura'aa}butee buute. نزلت بعد سورة الشورى

* Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbi rahmata qabuuti .

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} *Jecha(hгаа miim} kana Rabbu maatu makгнаа isaa beekha

حَمِّ

2} *Kitaaba qur'aanaa kan waan namni itti haajamu namaaf dubbatee, ibsuun, khakhadhee.

وَأَلَكِتَابِ الْمُبِينِ

*Kitaaba kana, qur'aana sirratti buufne kana, afaan арааааtin buufne, afaan арааааti goone .

إِنَّا جَعَلْنَاهُ قُرْءَانًا عَرَبِيًّا

3} *Akka makгнаа isaa beytani, heera isaa bartaniif. keessattuu isin warri makkaa, kan afaan arabaa malee , hin beyne ,kan sanumaan wajji. akka hama'atti nabi dura dhaabbatani, gaafas islaama moroman.

لَعَلَّكُمْ تَعْقِلُونَ

*Qur'aanni kan ummulkitaab keessa jira , ummul kitaab lowhgulmahgfuuzi} kan waan hunda Rabbiin keessatti katabe. (ummi } jechuun: (hundee} jechuu .

وَإِنَّهُ فِي أُولِ الْأَكْتَابِ

*Qur'aanni nu biratti sharafa, yookaa kabajaa guddoo qaba.

لَدِينَا عَلِيٌّ

4} *Kan hikmaa hoongan qabne qabu .

حَكِيمٌ

"Si isin gorsuu dhiifnaa?

أَفَضْرِبْ عَنْكُمْ الذِّكْرَ

*Akkanumatti isin gorsuu dhiifnaa?
Akkuma hori'itti.Kan qur'aana buufnee,
wahitti isin hin ajajne.
5} *Isin warra badaa jecha` aaf isin kaaf-

صَفْحًا

٥ أَنْ كُنْتُمْ قَوْمًا مُّسْرِفِينَ

iraa, warra nabi Muhammad cinqee, hin qajeeltanjennee, nabi uhammadir-
atti qur'aana buufnee isin qajeelchuu hin dhiifnu. Isinuma gorsina, hanga haqa
gartanitti, odoo qur'aanni, gaafa kuffaarri arabaa qeebaluu didee, nabi Muha-
mmad ajjeesu'uuf itti garnan, kan diddaa islaamatiif, makkarraa baasan, odoo
silaa qur'aanni gaafas bu'uudharraa dhaabbattee silaa gabroonni Rabbii, khe-
yrii hadduudharraa hoongaye, haa tayuu Rabbiin kheyrii gabroottan isaatii fe-
dhu'uu jecha, waan kuffaarri itti jiru, haala badaa isaan keessa jiran, hin laa-
llee, qur'aana buusuu itti fufee, amata diidamii sadii keessatti qur'aana hunda
buusee, warri duraan dide hundi amanee, qur'aana baratee , barsiisee, ilmii add-
unya'aa aakhira'aa baratee, imaama ummata addunya'aa hunda taye. Akka-
natti Rabbiin haala kuffaara arabaa duraa laaluu dhabee, qur'aana buusun ra-
hgmata gabroottan isaatii godhuu taye.

Tanaaf jecha, namni waan gaari'itti nama yaamu abaluutu jibba je'ee, dhiisuu
dhabee, yaaminsa isaa itti fufuu. {deddeebii keessa, haanni dha-gaa muree }.

6} *Nabiyyii hedduu, ummata dabretti
ergine.

٦ وَكَمْ أَرْسَلْنَا مِنْ نَبِيِّ فِي الْأَوَّلِينَ

7} *Duuba ummanni sun nabiyyuma itti
ergine mara, kanneen xiqqeessan malee
hin taane. Akkuma ummanni kee kun si
kijibsiisetti .

وَمَا يَأْتِيهِمْ مِنْ نَبِيٍّ إِلَّا كَانُوا بِهِ

٧ يَسْتَهْزِءُونَ

*Duuba ummata dabre san, kan um-
mata keetirra jajjabo'oo, lafarraa fin'ee,
8} *Haalli ummata sanii hoggaa hedduu
quraana keessatti dubbatamee , dabree
jira . akkaataa isaan itti fin'een wajji .
duuba boodden ummatta keetitis akka-
sii hin yaaddawin.

٨ فَأَهْلَكْنَا أَشَدَّ مِنْهُمْ بَطْشًا

٨ وَمَضَىٰ مَثَلُ الْأَوَّلِينَ

*Orma kuffaaraa warra Rabbatti waa
qindeessu yoo gaafatte .

٩ وَلَيْنَ سَأَلْنَهُمْ

*Eenyu namni sarniifii, dachii uume?
Jettee.

٩ مَنْ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

9} *Rabbii jabeenyafii, beekkomsa qab-
uutu uume jean . duuba Rabbiin akki
je'e : deebisaa isaanirratti ida`eerit

٩ لَيَقُولُنَّ خَلَقَهُنَّ الْعَزِيزُ الْعَلِيمُ

*Dhugaadhaa namni samiiifii ,dachii uume .isa dachii afee akka irra jiraatuu dandeessanitti, uume. Akka siree joollen irra raftuu , godhee . tan isiniin hin sossoone.

*Kan karootii adda addaa isii keessatti isinii godhe

10} *Akka karaa saniin, bakka feetanitti qajeeltan hoggaa imaltuu deemtaniifii, hoggaa taanillee. Kan odo fedhee, karaa malee uumu

*Rabbiin dachiidhafii samii uume , isa bishaan roobaa, hanga isin itti haajamtaniin , buusu, Kan itti gad lakkisee dachiin guunne

*Rabbiin akki je`e : duuba Rooba saniin jiraachifne.

*Biyya rooba dhabdee , goggoydee , duute.

11} *Akka dachii goggoyde bishaanin jiraachifnee, firii isii keessa jirtu magarsinetti isinis guyyaa boruu jiraachifamtanii ,qabri'ii baafamtan.

*Rabbiin isa gosa waa hundaa uume kan akka dhalaaa, dhiiraa diima`aa gurraachaa .

*Kan dooni' iifii

*beylada'arraa , kan akka gaalaa.

12} *Waan yaabbatan isinii uume .

*Akka dudda isiii gubbaatti baatanii yaabbatanii .

*Eegasii niki gmaa yookaa qananii Rabbi keessanii yaadattanii, hoggaa yaabbattan

الَّذِي جَعَلَ لَكُمْ الْأَرْضَ مَهْدًا

وَجَعَلَ لَكُمْ فِيهَا سُبُلًا

لَعَلَّكُمْ تَهْتَدُونَ ﴿١٠﴾

وَالَّذِي نَزَّلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً يَقْدِرُ

فَأَنْشَرْنَا بِهِ

بَلَدَةً مَيِّتًا

كَذَلِكَ نُخْرِجُوكَ ﴿١١﴾

وَالَّذِي خَلَقَ الْأَزْوَاجَ كُلَّهَا

وَجَعَلَ لَكُمْ مِنَ الظُّلُمِ

وَالْأَنْعَامِ

مَا تَرَكُبُونَ ﴿١٢﴾

لِتَسْتَوُوا عَلَى ظُهُورِهِ

ثُمَّ تَذْكُرُوا نِعْمَةَ رَبِّكُمْ إِذَا اسْتَوَيْتُمْ عَلَيْهِ

*Rabbiin ,waan yaabbannu ,kana nuu laaffise, waan isaan hin mallerraa qulq-ullaaye.

وَتَقُولُوا سُبْحَانَ الَّذِي سَخَّرَ لَنَا هَذَا

13} *Odoonni nuu laaffisuu baatee silaa mataa keenyan waan kana laaffifatu hin dandeenyuu.

وَمَا كُنَّا لَهُ مُقْرِنِينَ ﴿١٣﴾

14} *Nuti gara Rabbii keenyati deebina

وَإِنَّا لِكَرِيمَاتٍ رَبِّنَا مُنْقَلِبُونَ ﴿١٤﴾

jettanii aakhiraa yaadattaniif .isinii uume maalif namni safiinaa yookaa doonii yookaa waan yaabbii kan biraa yaabbatu wasaasaa hoggaa du'e yaabbachiifamee qabriitti isa geessitu yaadatu qaba.

*Ormi kuffaaraa, kanuma dachii samii

وَجَعَلُوا لَهُ مِنْ عِبَادِهِ جُزْءًا

Rabbiitu uume jean ,waan Rabbiin uume cinaa Rabbii godhan. Malaayakan, gabroonni Rabbiin uume, dubra Rabbiiti jeanii. mee akkamitti ilmoo isaa godhan ? odoonni Rabbiitu dachii , sam ii, ammallee waa hunda uume jeaanu? Maalif? haalli nama waa uumee, waan uume saniin ,adda taya. namni waa tolche, waan tolche san, hin fakkaatu. ammoo haalli ilmo'oo abbaa fakkaatu mee akkamitti umumuuufii ilmoo tayuun walitti qabamti.

*Duuba namni wanni Rabbiin uume ilmoo Rabbiiti jeu .

إِنَّ الْإِنْسَانَ

15} *Nama Rabbitti kafare takkaa balleessaa guddoo , mul'attuu Rabbitti ballesse

لَكَفُورٌ مُّبِينٌ ﴿١٥﴾

*Si wanni malaayakan dubra Rabbiiti jettaniif, Rabbiitu lubbuu isaatif dhalaa uummatee.

أَمْ آتَّخَذَ مِمَّا يَخْلُقُ بَنَاتٍ

16} *Isiniif dhiira qofa uumee ? Rabbiin akkas hin goone .jechu'.

وَأَصْفَنَكُمْ بِالْبَنِينَ ﴿١٦﴾

*Warri Rabbiin, dubra qaba jeu , tokkoon isaanii, hoggaa dhalaaan gammachi ifame , dhalaaan inni ilmoo Rabbiiti je'ee Rabbitti fakkeesse sii dhalatte. jeanii yoo itti himanii gammachiisan.

وَإِذَا بُشِّرَ أَحَدُهُمْ بِمَا ضَرَبَ لِلرَّحْمَنِ

مَثَلًا

*Fuulli isaa ni gurraachuma. akka nama gurraachatti , duttaatee .

ظَلَّ وَجْهَهُ مُسْوَدًّا

17} *Isaa aaran guutame maalif dhalaan naa dhalataaaf duuba mee,akkamiin dubra ifii jibbu Rabbiin jaalata

وَهُوَ كَظِيمٌ ﴿١٧﴾

*Si adaba dhabaniiti, dhalaa laaftuu faaya kheessatti guddattu, tan faayattu malee, bareenni isiii hin guutamne

أَوْ مَن يُنشَأُ فِي الْحِلْيَةِ

18} *Dhalaa waan himaturratti ragaa fi datee mulisuu hin dandeenye.Rabbiif jaalattanii ? kun ajaaiba .

وَهُوَ فِي الْخِصَامِ غَيْرُ مُبِينٍ ﴿١٨﴾

*Ormi kuffaaraa , malaaykaa gabroota Rabbiitin, dhalaa jean malaaykaadhan dhalaa jechuun kufriidha

وَجَعَلُوا الْمَلَائِكَةَ الَّذِينَ هُمْ عِبَادُ

الرَّحْمَنِ إِنشَاءً

*Si Isaan uumaa malaayka aati arganii

أَشْهَدُوا خَلْقَهُمْ

si hoggaa yookaa yaroo waaqni malaaykaa uumu , achitti argamanii ? yookaa dhufanii ? wanni hadiisatti dhufe: ormi kaafiraa, malaaykan dhalaa jennaan nabi Muhammed akka isaan dhalaa tayan maaltu isin bey-sise je'een . jennaan abbootii teenyarraa dhageenyee waan dhageenyen raga baana jean duuba Rabbiin aayata buuse akki je`e :

19} *Ragaan isaan bayan, dubbiin isaan

سَتَكُنُّبَ شَهِدَاتِهِمْ وَيَسْأَلُونَ ﴿١٩﴾

jean ni katabamti, khijiba isaan jean doosee isaanii keessatti malaayka`aan katabaajennee ajajnee, katabamtee, wanni sun ol kaayamtee, guyyaa qiyaarnaa irraa gaafatamanii ,qixaaxaman .ormi kuffaaraa waan Rabbiin hin malle waan hamtuu,sadii jean ,kan duraa Rabbiin ilmoo qaba jean. ammoo sun waan Rabbiin hin malle ilmoo hajaaatu itt i nama geessaa , Rabbiin tokkichan hin haajamne.kan hin gargaarsifannee.kan lammaffaaa Rabbiin dubra malee dhiira hin qabu jean, kan ifiifuu dhalaa jibban .kan sadaffaaa malaaykan Rabbii dhaJaa jean waan ragaa ittiin qabne , khijiba.

*Ormi kuffaaraa akki je'e odoo waaqni fedhee, odoo nuti maJaaykaa gabbaruu dhabuu, sanama gabbaruu dhabuu keenya fedhee.

وَقَالُوا لَوْ سَاءَ الرَّحْمَنُ

*Silaa waan san hin ibaannu hin gabb-

مَا عَبَدْنَاهُمْ

arru haa tayuu Rabbiitu fedhee,tanaaf waan san ibaanne gabbaree Rabbiin waan san isaa achitti gabbaruu nurraa jaalate jean. Qishnaaaf jecha .duuba odoo waa hundi,fedhii Rabbiitin taatuu , kheyrii taatuu ,sharii

taatuu,haa tayuu ,Rabbiitu,waan isan tayin gabbaruu nurraa jaalateen .
isaan jean . kijiba . tanaafjecha Rabbiin akki jee :

*Rabbiin ibaadaa sanamaa nurraa jaalate jechuu sanitti beekkomsa hin qaban
20} *Isaan,dhugaan dubbatanii ni khijiban. duuba sanirratti qixaaxarnuuf ta`aan

مَا لَهُمْ بِذَلِكَ مِنْ عِلْمٍ

إِنْ هُمْ إِلَّا يَخْرُصُونَ ﴿٢٠﴾

*Si kitaaba quraana dura, isaanii kennine qabanii ? kan isa keessatti waan Rabbin tayin gabbaraajenneen .

أَمْ آتَيْنَاهُمْ كِتَابًا مِنْ قَبْلِهِ

21} *Kan waan kitaabni sun je'u qabatani irra jiran? nuti kitaaba akkas je'u isaanii hin kennine .

فَهُمْ بِهِ مُسْتَمْسِكُونَ ﴿٢١﴾

*Jarri sun akka raga waan je`anirratti hin qabne, if beekhanii akki je'an: nuti abbootii teenya, tan waan Rabbin tayin, mukka ibaaddu garree, (ummatin} jechuun, karaa jechu'uu,

بَلْ قَالُوا إِنَّا وَجَدْنَا آبَاءَنَا عَلَىٰ أُمَّةٍ

*Nutu isaan faan deemnaa

وَإِنَّا عَلَىٰ آثَرِهِمْ

22} *Isaanin qajeella .isaan jala deemna duuba isaan waan Rabbin tayin ibaadann, nus akkasumatti ibaanna gabbarra je'an.

مُهْتَدُونَ ﴿٢٢﴾

*Dubbiin akkasii .

وَكَذَلِكَ

*Si dura, biyya takkattillee, ergamaa keenya hin ergine

مَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ فِي قَرْيَةٍ مِّنْ نَّذِيرٍ

*Yoo warri qananii qabu, matootin, kan akka ummanni kee je'e, je'an taate malee . sun maali ?

إِلَّا قَالِ مَرْفُوهَا

*Nutu abbootii teenya kannacen waan Rabbin tayin, ibaadann karaa kanarratti garree,

إِنَّا وَجَدْنَا آبَاءَنَا عَلَىٰ أُمَّةٍ

23} *Nutu isaanjala deemnaje'an.

وَإِنَّا عَلَىٰ آثَرِهِمْ مُّقْتَدُونَ ﴿٢٣﴾

*Duuba ergamaan Rabbii orma abbootii isaanii hordofu, kan haqamoo haqa miitii , ayli'iin waan isaan dalagan hin laalle jala deem un , akka je'e.

*Si odo'on,waan karaa abbootii teessan irratti gartanirra qajeela'aatin isinitti dhufelle'ee,abbootii teessan jala deemtanii?

*Ummanni sun hundi , ergamoota isaanitiin akki je'an,

*Nutu waan siifii, warri si duraa dhufeen hundatti,

24} *Kafarre je'an,

*Duuba warra akkas je'ee, ergamoota kijibsiiserraa biiluu baane,balaa itti buufue.

25} *Mee akka boodden warra ergamoota keenya kijibsiisee taate laali. Lafarraan dhumnee?

*Gaafa nabi ibraahiim abbaa isaa, yookaa adeeraa isaatifii, ummata isaatin waan je'e, je'e ummata keetif odeessi, waanni inni je'een: yaa ummata kiyya .

26} * An waan isin Rabbi godhattanii. Rabbii achitti gabbartanirraa qulqulluu muka, dhagaa, sibiilaa nama, isin gabbartan hin gabbaru

*An waaqa na uume malee , waan biraa hin ibaadu . hin gabbaru .

27} *Rabbiin yookaa waaqni na uume

na qajeelcha diin isarratti na jabeessa, kara' an itti isin jalaa bayu bakkan itti isa ibaadu, sharia, isaa naaf addeessa je'ee biyya isaa { iraaqirraa } bayee shaamitti galee, achirraa makka dhufee ka'baa jaaree .

* Akkasitti yaada tokkummaa Rabbii , yaadu 'uu hambise .

﴿ قُلْ ﴾

أَوَلَوْ جِئْتُمْ بِأَهْدَىٰ مِمَّا وَجَدْتُمْ عَلَيْهِ
ءَابَاءَكُمْ

قَالُوا

إِنَّا بِمَا أُرْسِلْتُمْ بِهِ

﴿ ٢٤ ﴾ كُفْرُونَ

فَأَنْقَمْنَا مِنْهُمْ

﴿ ٢٥ ﴾ فَأَنْظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُكْذِبِينَ

وَإِذْ قَالَ إِبْرَاهِيمُ لِأَبِيهِ وَقَوْمِهِ

﴿ ٢٦ ﴾ إِنِّي بَرَاءٌ مِّمَّا تَعْبُدُونَ

إِلَّا الَّذِي فَطَرَنِي

﴿ ٢٧ ﴾ فَإِنَّهُ سَيَهْدِينِ

وَجَعَلَهَا كَلِمَةً بَاقِيَةً

*Shanyii isaa keessatti yookaa warra isa

فِي عَقِيْبِهِ

booda dhufe keessatti. namni dura dursoo diin isaatiyafatu'uu jecha, tokkummaa Rabbii jabeessuuu jecha biyya isaatiffii ummata isaa dhiisee go-daane, kan ilmaan isarraa, namni tokkummaa Rabbii yaadu hanga qiya-arnaatti hin dhabamne, nabi ibraahiimi. duuba qureyshin, ilmaan ibra-ahimii ,qissaa isaa isaaniffii, ammallee ummataa hundaafuu odeessi .

28} * Akka karaa Rabbitti waa qinde-essu`uu ka waan Rabbin tayin ibaad-u'uu, Dhiisanii, karaa diin ibraahiim .karaa tokkummaa Rabbii yaaduuu deeman Rabbiin akki jee .

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٢٨﴾

*Warra Rabbitti kafare kanaafii , .

بَلْ مَتَّعْتُ هَاتِلَاءِ

*Abbootii isaanillee anaatu nirkmaa kenneefii , hoggaa isaan balleessan laf-arraa fixuu oolee , qananiise .

وَأَبَاءَهُمْ

*Hanga quraanni isaanitti dhufetti .

حَتَّىٰ جَاءَهُمُ الْحَقُّ

29} *Ammallee ergamaan keenya, kan shariaa Rabbii isaanii bayaansu, isaanitti erga-metti, ergamaan Rabbii sun nabi Muham-madii ,nageenyi isarratti haa jiraatuu.

وَرَسُولٌ مُّبِينٌ ﴿٢٩﴾

*Duuba hoggaa nabi Muhammad erga-

وَلَمَّا جَاءَهُمُ الْحَقُّ

mee quraanni irratti buee.nabi Muhammad, isaanirratti qarau , waan aja-a`ibaa ,yookaa nama dingu,kan dubbii akkasii ,namni biraa jeuu hin da-ndeenye,kan jechaafii,makgnaan isaa mi'ooytu,tayuu garraan itti ama-nuurraa wal dhoowwanii .

*Kun falfalaa , yookaa sihriidhaa ,

قَالُوا هَذَا سِحْرٌ

30} *Nuti isatti kafarre, hin qeeballu je`an.

وَأَنَّا بِهِ كَاْفِرُونَ ﴿٣٠﴾

*Ormi kuffaaraa ,kan quraana Nabi Muhamadirratti buufame,qeebaluu didu , akki jee

وَقَالُوا

31} *Maalif quraanni kun nama guddaa tokkoo dhiira lamaanii.tan mandara la-ma keessa jirturratti hin buufamin ? si-laa ni fuudhannaa ? quraanni kabajamaa

لَوْلَا نَزَلَ هَذَا الْقُرْآنُ عَلَىٰ رَجُلٍ مِّنَ الْقَرِيْبَيْنِ

عَظِيمِ ﴿٣١﴾

nama kabajaa qabuun kan, horii qabuun malu. jean isaan akka namni kabajamaan, nama Rabbiin gu ddise taye, hin beekanii dhiirrati lamaan, kabajamoon ,horii qaban tokko waliid ilma mughiiraaati ka mandara makkaa keessa jiru . kuun kgur waa ilma maskguudi. ka mandara xaaif keessa jiru mandarri lamaan makkaafii, xaaifii yaanni isaanii maalif quraanni waliidirratti takkaa kgurwa "arratti hin buufamin? Isaantu horii, gurra qabaa.isaantu nabiyy yii tayu 'uun malaa jechu maalif guddinni , isaan biratti nama horii qabu . kun yaada nama waan beyneti maalifnama guddaa, kabajamaa, jechuun : warra aylii qabu biratti , nama qalbiin isaa guutuuti kan haalli isaa gaariii kan waan gaarii malee waan harntuutti hin dhiyaanne duuba namni nabi Muhamadirra guutu'uu , kan nabiyyummaa haqa godhatu, eenyu ? duuba Rabbiin isaaniirratti deebisee akka jee .,

*Si isaantu Rahmata Rabbii keetii namarra qoodaa ? isaantu nabiyyummaa nama fedhee kennaa sun dalagaa isaanitii miti.

أَهْرُ يَقْسِمُونَ رَحْمَتَ رَبِّكَ

*Nuutu jiruu isaanii isaan jiddu'utti goode.

نَحْنُ قَسَمْنَا بَيْنَهُمْ مَعِيشَتَهُمْ

* Jiruu addunya`aa keessatti beekomsa keenyan, akka malutti ,kana dureessa goonee , kaan hiyyoomsinee

فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

*Garii namaa gariidhaa ol goonee diinaggeedhafii , beekomsaafii. Waan biralleen

وَرَفَعْنَا بَعْضَهُمْ فَوْقَ بَعْضٍ دَرَجَاتٍ

*Akka gariin isaanii garii isaanii dalaysiifatuuf. Akka warri horii qabu warra waan qabne , mu'uyaana dalaysiifatuuf.

لِيَتَّخِذَ بَعْضُهُمْ بَعْضًا سَخِرِيًّا

32} *Jannata Rabbii keetitu waan isaan addunyaarraa walitti qabanirra caala nabiyyumaa Rabbiin kee,sii kenneetu horii kuffaarii walitti qaberraa siif caala.

وَرَحِمْتُ رَبِّكَ خَيْرٌ مِّمَّا يَجْمَعُونَ

*Odoonamni waan beyne nuti diinagee nama tokkoo heddomeysun , asxaa nama san, nuti jaalatu'uutii.yaadun jiraatuu baatee, odoo sanii jeanii , hundi isaanii kufriirratti walii galuun argamuu baatee

وَلَوْلَا أَنْ يَكُونَ النَّاسُ أُمَّةً وَاحِدَةً

*Silaa nama Rabbitti kafaruuf , mana isaanitiif goona

لَجَعَلْنَا لِمَنْ يَكْفُرُ بِالرَّحْمَنِ لِيُؤْتِيَهُمْ

*Gonbisaa meetaa .

سُقْفًا مِّنْ فِضَّةٍ

33} *Ammallee sullama, yookaa Riqicha , isaan , mana gubbaa koran, kan meetati , isaanif goone .

وَمَعَارِجَ عَلَيْهَا يَظْهَرُونَ ﴿٣٣﴾

*Ammallee manneen isaanitiif, hulawan meetati goona .

وَلَبِئْسَ لَهُمُ آبَاءًا

34} *Ammallee siree meetaa, ta itti irkatan isaanii goona.

وَسُرْرًا عَلَيْهَا يُتَكُونُونَ ﴿٣٤﴾

*Ammallee ziqaya yookaa faaya isaanif goona.

وَزُخْرَفًا

*Haa tayuu wanni sun hundi , odoo isaanii kenninelle ee , waan biraatii mitii ,

وَإِنْ كُنْ ذَلِكُ

*Miya addunya'aa , kan waa xiqqo itti qananianii, eegasii dhabamtu malee waan biraatii miti

لَمَّا مَتَعُ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا

35} * Jannanni,Rabbii kee biratti, kan warra Rabbi sodaatuti. kan warra Rabbitti amaneeiti.

وَالْآخِرَةَ عِنْدَ رَبِّكَ لِلْمُتَّقِينَ ﴿٣٥﴾

*Namni zikrii Rabbirraa gara gale,kan quraanarraa gara gale, ija qalbiiitin laalluu dhiise .

وَمَنْ يَعِشْ عَنِ ذِكْرِ الرَّحْمَنِ

*Sheyxaana isatti marraana.

نَقِصَّ لَهُ شَيْطَانًا

36} *Sheyxaanni addunyaa tanarratti

فَهُوَ لَهُ قَرِينٌ ﴿٣٦﴾

waa hela isaati kan isaan addaan baane. kan waan halaalirraa isa dhoowwee, waan haraamitti isa kaasu . kan ibaadaarraa isa dhoowwee, cubbu'utti isa kaasu .takkaa shayxaanni , hoggaa inni qabrii kau, itti qindeeffa ma.hanga ibidda seensisutti.Ammoo mu'minni malaaykaaan walitti qindeeffaman. hanga Rabbiin gabroota isaa jidduutti firdii godhuu.

*Shayxaanni warra zikriirraa gara gale. karaa qajeelloorraa dhoowwa.

وَأَنَّهُمْ لَيَصَّدُّونَهُمْ عَنِ السَّبِيلِ

37} *Jarri sun waan karaa qajeelaorra jiran if siyan .

وَيَحْسَبُونَ أَنَّهُمْ مُّهْتَدُونَ ﴿٣٧﴾

*Hanga warri sheyxaanan ,walitti qindeeffame. Guyyaa qiyaarna'aa nutti dhuffuti.

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَنَا

*Namichi sheyxaanni ,itti qindeeffame
wanni sheyxaanan .jeu .

قَالَ

*Yaa sheyxaana , odoo wanni naafii si
jidduu jiru, fageenyi naafii si jidduu jiru

يَلَيْتَ بَيْنِي وَبَيْنَكَ

*Hanga bayaafii ,dhiiti adda fagaattu
tayee .akka naafii ati ,wal hin agarre,
38}*Yaa hammeenya waa hela bada'aa,
sun siyi je'aan. duuba Rabbiin akki
je'uun:

بَعْدَ الْمَشْرِقَيْنِ

فَيَسَّ الْقَرْيَيْنِ ﴿٣٨﴾

*Waan feetan walii je'aa ar'a isin hin fa-
yyadu. sababaa isin addunya'arratti Ra-
bbitti kafartanii if galaafattaniif,
39}*Isin waa hela keessan keessan,she-

وَلَنْ يَنْفَعَكُمْ الْيَوْمَ إِذْ ظَلَمْتُمْ

أَتَكْفُرُ فِي الْعَذَابِ مُشْتَرِكُونَ ﴿٣٩﴾

yxanaan wajji, azaaba seenun,waa takka isin hin fayyadu, akka gaafa
addunya'arraa namni balaan tuyxe hoggaa nama balaan akkaan tuyxe
arge, si edaa waa na qofaa mitii je'ee, laalaa ifii irraanfatu sheyxaana
yookaa nama isa jalliseen wajji azaaba seenun, laalaa hin irraanf-
chiiftu ...

Nabi muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu jebeessee orna kuffaa-
raa islaamatti yaamee, sanumaan wajjiin kufrii ida'atuu, malee, amanuu
dinnaan, Rabbiin nabi Muhammadiin akki jere:

*Si ati nama duudaa ni dhageessiftaa?

أَفَأَنْتَ تُسْمِعُ الصُّمَّ

Hin dhageessiftu jechu' .

*Takkaa nama jaamaa ni qajeelchitaa?

أَوْ تَهْدِي الْعُمْىَ

Hin qajeelchitu jechu' .

40}*Ammallee nama jallina mul'ataa

وَمَنْ كَانَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٤٠﴾

keessa jim ni qajeelchitaa je'een, hin qajeelchitu jechu'. makgnaan ka
naa: kaafira akka nama duuda'atti beeka'aa haqarraa goru, kan dhag-
ayuu didu, kan akka bala'atti haqaa odoo arguu didu, kan odoo karaa
haqaa arguu irraa jallatu, nama akkanaa kana, ati haqa argisiisuu hin
dandee ssuu, ifin cinqin. ati eega diin isaanitti geessitee, dalagaa teetin
dhaabb attee. ammoo isaan nuutu qixaaxu'uu taa'aa.

*Yoo odoo isaan hin qixaaxin, ati
duute. ,

فَأِمَّا تَذْهَبَنَّ بِكَ

41}*Nutu warra aakhira'atti kafare ni qi-
xaaxna, abaduma kaafira qixaaxuu hin
dhiifnu

فَأِنَّا مِنْهُمْ مُنْقِمُونَ ﴿٤١﴾

*Takkaa azaaba kuffaaraf baallama seenne, isaanitti buufneti odoosi jirtuu si garsiifna isaan beelessu'uufii, dhukkuba isaanitti buusuu, lola keessatti dhumuu, takkaa boojiyarnuu, si garsiifna.

أَوْ نُرِيَنَّكَ الَّذِي وَعَدْتَهُمْ

42} *Nuti isaan fixuu, isaan qixaaxuu

فَأَنَّا عَلَيْهِمْ مُّتَدِرُونَ ﴿٤٢﴾

dandeenyaa Rabbiin dubbii tana odoosi nabi muhammad makka jiruu je'een. duuba akkuma baallama isaaf seenetti azaabni addunya'aa isaanitti bu'ee, nabi muhammad arge, akka lola keessatti harka nabi Muhammadiin dhumu'uu. Ammoo azaabni aakhira'aa kan nama Rabbi tti ka-fare eegatu, azaaba addunya'arra jaba'aa, itti dhufanii .

*Ati waan nuti sirratti buufne, qur'aana itti jabaadhuu qabadhu.

فَأَسْمَسِكَ بِالَّذِي أَوْحَىٰ إِلَيْكَ

43} *Ati karaa qajeela'arra jirtaa.

إِنَّكَ عَلَىٰ صِرَاطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٤٣﴾

*Qur'aanni sirratti buufne kun.

وَإِنَّهُ

*Waan si guddisu, waan gurra siif qabu

لَذِكْرٌ لَّكَ

*Waan ummata keetif guddina addunya'aa aakhira'aa qabu.kan namni isatti amanee waan isa keessa jirutti dalage, milkii guutuu. Gurra gaarii argatu.

وَلِقَوْمِكَ

44} *Haqa qur'aanatiin dhaabbatu 'uufii dhaabbatuu dhabu'urraa gaafatamu'uuf teessan. heyni qur'aanaa baranii barsii-sanii ,itti dalaganii, tiysuudha.

وَسَوْفَ تُسْأَلُونَ ﴿٤٤﴾

*Mee warm si dura ergine gaafadhu.

وَسَأَلَ مَنْ أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ

*Ergamoota keenyarraa, warra garte gaafadhu.

مِنْ رُسُلِنَا

45} *Mee waan Rabbi achitti gabbara-

أَجَعَلْنَا مِنْ دُونِ الرَّحْمَنِ ءَالِهَةً يُعْبَدُونَ ﴿٤٥﴾

mu ni goonee ? mee namni tokkolleen ergamoota keenyarraa , kan waan Rabbiin tayin ibaaduutti nama yaamu'uu jecha,ergame, ni jiraa ? jeii gaafadhu. ergamoota yookaa warm isaan itti ergaman. Akka ibnu abbaas jeutti Rabbiin ergamootafii, anbiyoota hunda, halkan israaafii , mikgraa-jaa beytilmaqdisitti walitti qabeete.jibriil azaanee iqaamaa godhee , nabi muhammad rakakkaa lama salaatenii, hoggaa irra raaw'atu jibriil mee jara kana gaafadhu, namni isaanirraa waan Rabbiin tayin gabberuutti na-

ma yaamu'uu ergame jiraa ji'ii gaafadhu, je'een. Jennaan nabi muhammad gayee lakkii je'e. ammoo namni (ibnu abbaas) hin tayin akki je'u: halkan israa'a san salfii torbaatu, sadii ergamootaa afur anbiyootaa nabi duuban salaate. duuba hogga salaatarraa raaw'atu, dubbii dheertu isaanin wajji haasawee, akki isaanin je'e: Rabbii kiyyaatu, isin gaafatu'utti na ajajee, mee nam tokkolleen, kan isinirraa waan Rabbiin tayin, nama tayuu, malaaykaa tayuu, jinnii tayu, muka tayuu, waan biraa tayuu, Rabbii dhiisanii, waan san gabbaru'utti nama yaamu'uu ergame isin keessa jiraa je'een, jennaan wanni je'aniin: yaa muhammad nuti hundi waanuma takkaan ergamne. sun: Rabbiin tokkichaa, Rabbiin biraa, kan ibaadaa haqa godhatu isa malee hin jiru. wanni Rabbii achitti gabbaramu, yookaa ibadamu hundi waan hin jirre. kijiba, ati dhuma anbiyootati, mata ergamootati. asxaan sanii ati imaama taatee nuun salaatuu nabiyyiin biraa si boodan dhufu. hanga guyyaa qiyaama'atti iisaa ilma mary am yoo taate malee, inni ummata keetii si jala demu'utti ajajamee je'aniin. wanni Rabbiin isaan gaafadhu je'eenif, akka Rabbii tokko gabba ru'utti nama yaamun, waan ergamoonni hundi sanii je'ee ergame taye, akka waan nabi muhammad baasa baase hin tayin kuffaara beysisu'uufi .

*Dhugumaan}muusaa firkgawnaafii orma isatti erginee jirra,mukgjizaa akka inni ergamaa keenya taye, ragaa isaaf baatu, isaaf kenninee.

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا مُوسَىٰ بِآيَاتِنَا إِلَىٰ فِرْعَوْنَ
وَمَلَائِكِهِ

46}*Duuba itti dhaqee, an ergamaa Rabbii waa hunda uumetii,na qeebaJaa waanan an je'u dhagayaa je'een. Jennaanin ragaan ati ergamaa isaa tayuu mali ? je'aniin .

فَقَالَ إِنِّي رَسُولُ رَبِّ الْعَالَمِينَ ﴿٤٦﴾

*Duuba hogga inni mukgjizaa teenya tan ragaa isaa taatun isaanittiin dhufu.

فَلَمَّا جَاءَهُمْ بِآيَاتِنَا

47}*Mukgjizaa teenyatti koflan. Xiqqeessu'uuf haa tayuu nuti mukgjizaa teenya isaan garsiisuu itti fufne.

إِذَا هُمْ مِنْهَا يَضْحَكُونَ ﴿٤٧﴾

*Mukgjizuma takkallee hin agarsiifnu

وَمَا نُزِيهِمْ مِنْ آيَةٍ

*Yoo mukgjizaa, qindii, yookaa obol-eettii isi'ii, tan san dura isaan garsiifnerra guddo'oo taate malee. Tan isaan moromuu hin dandeenye.

إِلَّا هِيَ أَكْبَرُ مِنْ أُخْتِهَا

* Azaaba jabaa hedduu isaanitti buufne.

وَأَخَذْنَاهُمْ بِالْعَذَابِ

48} * Akka Jaafanii, gorfamanii, badiir-

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٤٨﴾

raa deebianiif dura bishaan itti ergine. kan mana hunda seenee hanga mormatti nama liqimsu , kan guyyaa torba irra taa'e . kan nabi Muusan duaaii gonaniifirraa deeme . ammas eega baati takkaatii awwaannisa. kan guyyaa torba irraa taaee.muusaatti iyyannaan duaaii isaanii godhee irraa eeme. Ammas eega baati' iitii jallinatti deebi' anii akkasitti daanawuu , eegasii raacha, eegasii dhiiga, eegasii abaar, eegasii horii isaa nitti duaaii muusan godhee horiin isaanii duraa bannaan , nabi muusaa ajeesu'uuf itti kaan , eeguma akkasitti balaa san tan duaaii nabi muusaaatin dhuftee duaaii isaatin deemtu arganii isaan hoggaa , balaa argan mara

*Wanni isaan nabi muusaaan jean , yaa kan falfala akkaan beeku .

وَقَالُوا يَا أَيُّهُ السَّاحِرُ

49} *Sababaa waan si birbiratti beekameef jecha,kan du'aaii teetin balaan nurra deemtu. yoo amanne .waan abdii akkatti , si biraa qabnuuf jecha .ni amanna ,ni qaj eellaa , mee Rabbii kee nuu khadhu jeaniin .

أَدْعُ لَنَا رَبِّكَ بِمَا عَهِدَ عِنْدَكَ إِنَّا

لَمُهْتَدُونَ ﴿٤٩﴾

*Duuba hoggaa du'aaii muusaaatin balaa isaanirraa deemsifnu .

فَلَمَّا كَشَفْنَا عَنْهُمْ الْعَذَابَ

50} *Baallama diiganiiti ,qajeeluu didanii , kufrii itti fufan.

إِذَا هُمْ يَنْكُثُونَ ﴿٥٠﴾

*Firkgawna ummata isatti lallabee ,

وَنَادَى فِرْعَوْنُ فِي قَوْمِهِ

*Akki je'e yaa ummata kiyya

قَالَ يَا قَوْمِ

*Si mootummaan misraa jechuu .tiyyaa mitii ? tiyya

أَلَيْسَ لِي مُلْكُ مِصْرَ

*Ammas akki jee.laggeen kun mana ki-

وَهَذِهِ الْأَنْهَارُ تَجْرِي مِن تَحْتِي

yaa jalaa yaaa, wannii akkana je`eef : laga (niil } kan biyya teenya. Wallaga , keessan ,soodaan seenee,biyya misraa dhaqu.kan nuti mormor yooka (abbayya } jennuun gubba'atti, fooqii,yookaa galmajerree, laga abbayyaa, adda qoodee .warra misraatif, dhiibuu biyya misraa keessa, maagada gurgudda doonin keessa deemuu dundeessu, yaasee. Wannii je'e laggeen kun najalaa yaaaa

51} *Duuba kana laaltanii, guddina kiyya hin gartanii ?

أَفَلَا تَبْصُرُونَ ﴿٥١﴾

*Gartanii? anaatu isa kanarra caala.
Muusaa baanee.

أَمْ أَنَا خَيْرٌ مِّنْ هَذَا

*Isa laafaa, gadi galoo, muusaa baanee,

الَّذِي هُوَ مَهِينٌ

52} *Kan akkasuma, waan dubbatu tol-

وَلَا يَكَادُ يُبِينُ ﴿٥٢﴾

chee, addeessee dubbatuu, hin dandeenye. waan isaa xiqqa'aa arrabni gubateef, firkgawna ibidda dura kaayee. maalif, muusan isaa xigqa'aati firkgawna fuula keessa kabale, hoggaa san firkgawna ajjeesuu fedhe. haa tayuu jaartin firkgawnaa kun daa'ima homaan beynee, dhiisi jetteenii akka inni homaan beyne isaa ibsu'uu jecha akki Jette: gurbaan kun timiraafii cilee ibidda barbadaa addaan hin beekhu jetteen, akkasitti timiraafii cilee dura kaayanii, cilee ibiddaa fuudhee afaan kaayatee arrabni gubate. Silaa odoo timira fudhatee, firkgawna ni ajjeessaa, duuba du'a jalaa baasu'uuf Rabbiin kana dalage. Akkasitti arrabni muusa'aa harfii gar ii je'uu dadhabe, akka harfii {Raa} ghiin godhu'uu takkaa {Laam} godhu'uu, takkaa {siin} {taa} godhu'uu, haa tayuu Rabbiin fafa arrabaa san, hoggaa inni guddatee, firkgawnatti, erge irraa deemsisee arRabni isaa nagayatti deebi'e.

* Ammas firkgawna akki je'e: yoo kan dhugaa dubbatu taye, maalif gutichi ziqiyaa irratti hin buufamne ? akka uffatee boonun akka aadaa isaanitti,

فَلَوْلَا أَلْفِي عَلَيْهِ أَسْوِرَةٌ مِّنْ ذَهَبٍ

53} *Takkaa maa malaaykan wal jala yaatu tan isa dhugo'oornsiitu isaan wajji hin dhufue ? je'e .

أَوْ جَاءَ مَعَهُ الْمَلَأِيكَةُ مُقْتَرِنِينَ ﴿٥٣﴾

*Akkasitti firkgawna ummata isaa gowwoomsee, kijiba dhugaa itti fakkeessee,

فَأَسْتَحَفَّ قَوْمَهُ.

*Waan inni je'u dhagayanii gabbaran.

فَأَطَاعُوهُ

54} *Waan isaan warra jallate, kan karaa Rabbirraa baye, tayaniif jecha.

إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا فَتْسِقِينَ ﴿٥٤﴾

*Duuba hoggaa isaan kufrii keessa waa sanaa bayanii, nu aarsan yookaa nu dallansiisan.

فَلَمَّا ءَاسَفُونَا

*Isaan qixaan'ee, yookaa yakka isaanitti murree,

أَنْقَمْنَا مِنْهُمْ

55} *Isaan hunda bishaan bahariin fin'ee .

فَاعْرَفْنَاهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٥٥﴾

56} * Gorsaafi i waan warri isaan booda dhufu qajeelun goone. wanni ummata san bishaan ballesef isaanitu bishaanin qooqefi, firkgawna bishaan nii! na jalaa madda je'ee, namuu waa numa inni qooqen Rabbiin balleessaa .

فَجَعَلْنَاهُمْ سَلَفًا وَمَثَلًا لِّلْآخِرِينَ ﴿٥٦﴾

*Gaafa kuffaarri nabi kgiisaa , warra rabbi achitti ibaadame , kan qoraan ibiddaa tayuuf fakkeessaa godhan

﴿٥٦﴾ وَلَمَّا ضُرِبَ ابْنُ مَرْيَمَ مَثَلًا

57} *Ummanni kee fakkeessaa saniin si

﴿٥٧﴾ إِذَا قَوْمُكَ مِنْهُ يَصِدُّونَ

injifanne jeaniiti, Gammadanii ,kuflan. wanni aayanni tun buutef, kan isaan akkas jechisiise , Rabbiin aayata biraa keessatti, orma Rabbii achitti waan biraa ibaadun akki je'e: isiniifii, wanni is in ibaadann, qoraan ibiddaati je'e. hoggaa san ormi kuffaaraa dubbiin tun, waan nuti gabbaruufii, nu qofa moo, ummata birallee qabatti je'een nabi Muhammadiin. Jennaan nabi muhammad isiniifii, waan isin gabbartaniifii, waan ummanni hundi gabbaru la alti je'een. Jenneen, si injifannee hayyee, je'aniin. maalif nasgaaran { kirishtiyaanni } kgiisaa ibadaa, yahuudan kguzeyri ibaaddii, ormi kuun malaaykaa ibaadanii, yon kgiisa'aafii jarri kun, ibidda seene, nuufii wanni nuti ibaadnu isaanin wajji, ibidda seenuu jaalanne, je'aniin. Duuba nabi muhammad, waan Rabbiin, deebisaa dubbii tanaatif, irratti buusu eegu'uuf cal'ise. hoggaa san ormi kuffaaraa waan nabi muhammad ratta'ame sayanii, gammadanii koflan. duuba Rabbiin dubbii tanarraa dubbatee akki je'e: ummanni kee , warra Rabbii achitti ibaadame, kan warra isa ibaade wajji, ibidda seenuf { kgiisaa } fakkeessaa godhaniiti .

*Wanni nabi Muhammadiin jean si waan nuti gabbarru dhaga'aafii muka moo kgiisa'aatu irra caala? yoo inni ibidda seene, Rabboonni yookaa wanni nuti gabbarrus haa wajji seentuu je'an.

﴿٥٧﴾ وَقَالُوا ءَأَلِهَتُنَا خَيْرٌ أَمَّ هُوَ

*Ormi kuffaaraa sun kgiisaa warra ibidda seenuf fakeessaa hin goone.

مَا صَرَّيْتَهُ لَكَ

*Murama'aafi malee . odoo fakkeessan,

﴿٥٨﴾ إِلَّا جَدَلًا

tun haqaa mitii beekhanuu, maalif Rabbiin wanni orma kuffaaratiin je'e: isiniifii wanni isin gabbartan. je'e afaan aRabatti (maa} jechuun wanni jechu'. sun waan ayliin qabnerratti dubbatamaa, duuba akka kgiisan waan Rabbii achitti gabbaramu, kan ayliin qabne, jala hin seenne. Isaan or-

ma atabaatii ni beekhanii, haa tayuu moroma'aaf yookaa falama'aaf akkas je'an

58}*Inumaa isaan warra falama'aati Warra moromaa jabaatu. duuba Rabbiin isaanirratti deebisuun akki je' e.

بَلْ هُمْ قَوْمٌ خَصِمُونَ ﴿٥٨﴾

59}*(Kgiisaa}abbaa malee haadha qofarraa uumu'uun, mukgijizaa dandeytii teenya muliftu, ilmaan israaiilif goone akka aadam haadhaa abbaa malee uumne.akka hgawwaa haadha malee, abbaa qofarra uumne .dandeytii teenya mul'isu'uuf. Duuba {kgiisan} Rabbii miti .ammallee ilma Rabiitii miti .

إِنَّ هُوَ إِلَّا عَبْدٌ أَنْعَمْنَا عَلَيْهِ وَجَعَلْنَاهُ مَثَلًا

لِنَبِيِّ إِسْرَائِيلَ ﴿٥٩﴾

60}*Isin yaa warra Rabbitti kafare, odoo feenee isin dhabamsiifneti .Bakka teessan malaaykaa dachii tanarra qubsiifna qubsiifua. tan Rabbii ibaaddu. tan akka keessanitti Rabbitti hin balleessine . Ammas Rabbiin dubbii nabi kgiisa'atti deebi'ee akki je'e :

وَلَوْ نَشَاءُ لَجَعَلْنَا مِنْكُمْ مَلَائِكَةً فِي الْأَرْضِ

يَخْلُقُونَ ﴿٦٠﴾

*Nabi kgiisan.

وَأَنَّهُ

*Sami`ii bu'uun isaa,alaamaa yookaa as xaa qiyaaman dhiyaatu'uuti. Odoo qiyaaman hin dhaabbanne, milikkanni hedduun argamu'uuf taa'a, sanirraa kgiisan amma samii lammeysa'aa keessa jiru, dachii bu'u

لَعَلَّمٌ لِّلسَّاعَةِ

* Akka qiyaaman dhuftu hin maminaa

فَلَا تَمَرَّتْ بِهَا

*Wanni ummata keetin jettu karaa tokkummaa { waaqaa } yaadu'utti na jala deemaa .ji`iin ,

وَأَنبِئُونِ

61}*Wannin an itti is in yaamu, karaa haqaa diriiraadhaa

هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ﴿٦١﴾

*Sheyxaanni karaa Rabbirraa , isin hin maysin

وَلَا يَصْدَقُكُمْ الشَّيْطَانُ

62}*Sheyxaanni nyaaba yookaa diina keessan mul' ata' aa .

إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ ﴿٦٢﴾

*Nabi iisan,hoggaa ergamee mukgjiza-
'aafii.shariaadhan dhufu .

وَلَمَّا جَاءَ عِيسَىٰ بِالْبَيِّنَاتِ

*Yaa ilmaan israa'iil dhugumaanan na-
biyyummaaafii shariaadhan isinitti dhufee

قَالَ قَدْ جِئْتُكُمْ بِالْحِكْمَةِ

*Waan garii kan heera towraatirra ke-
essatti wal dhabdan isinii addeessu'u-
ufan , dubbii diin taatuu tabiraa taatuu
isinitti dhufee.

وَلَا يُبَيِّنَ لَكُمْ بَعْضَ الَّذِي تَخْتَلِفُونَ فِيهِ

63} *Rabbi sodaadhaaa .waanin an isin-
iin je`u dhagayaa .

فَاتَّقُوا اللَّهَ وَأَطِيعُوا ^(٦٣)

*Waaqni isa . Rabbiin kiyyaafii kee-
ssanii.

إِنَّ اللَّهَ هُوَ رَبِّي وَرَبُّكُمْ

*Isuma ibaadaa gabbaraa tokkummaa
isaa yaadaa. Rabbiin tokkoo lamaa mitii
, sadiyii mitii .

فَاعْبُدُوهُ

64} *Kun karaa qajeela'aa

هَذَا صِرَاطٌ مُسْتَقِيمٌ ^(٦٤)

*Duuba warri inni itti ergame jidduu

فَاخْتَلَفَ الْأَحْرَابُ مِنْ بَيْنِهِمْ

isaanitti wal dhaban. Dubbii kgiisa'aa keessatti, gariin isaanii Rabbi je'e. warri isaanirraa akkas je'u orma (ya'quubiyyaa} je'aniin. gariin isaanii kgiisan ilma Rabbiiti je'e. warri isaanirraa akkas je'u orma (marqoosi yya} je'amu, gariin kgiisan Rabbii sadiyirraa tokko je'e. warri isaanirraa akkas je'u orma malakaaniyyaa je'amu. gariin isaanii gabricha Rabbiiti je'a. haa tayuu nabi muhammaditti amanuu didan . ammon yahuudan in ni nabiyyi'ii mitii, ilma abbaan qabne kan gumnumma'aan dhalate jatte Rabbi isaan haa balleessuu.

*Laga azaabatu warra dubbii nabi kgi-
isa'aa keessatti haqarraa bayee,kafareef,
jira

فَوَيْلٌ لِلَّذِينَ ظَلَمُوا

65} *Azaaba guyyaa nama laalessurraa.

مِنْ عَذَابِ يَوْمِ الْآلِيمِ ^(٦٥)

*Warri Rabbitti kafare waan biraa hin
eeggatu.

هَلْ يَنْظُرُونَ

*Yoo qiyaaman isaanitti dhufuu taate
malee.

إِلَّا السَّاعَةَ أَنْ تَأْتِيَهُمْ

*Dingatatti, hatattamatti .

بِعَتَّةٍ

66} *Isaanii ifirraa quban qabne .

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ^(٦٦)

*Warri addunya'arratti jaala wal godhate

الْأَخْلَاءَ

*Guyyaa qiyaama'aa diina waliiti. Gariin isaanii , gariin isaanitiif diina wal jibban.

يَوْمَئِذٍ بَعْضُهُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ

67} *Warra fuula Rabiitii jecha wal jaalatee, karaa Rabbirratti wal jabeesse malee .isaan, aakhira'atti jaala waliiti. wal shafa'an .. warra akkanaa kanaan guyyaa boruu wanni je'amu :

إِلَّا الْمُنْفِقِينَ ﴿٦٧﴾

*Yaa gabroota kiyya. ar'a, waan sodattan hin qabdan .

يَعْبَادٍ لَا خَوْفٌ عَلَيْكُمْ الْيَوْمَ

68} *Waan isin yaachisullee hin

وَلَا أَنْتُمْ تَحْزَنُونَ ﴿٦٨﴾

*Warri guyyaa qiyaama'aa hin sodaanne ,hin yaaddoyne sun, warra qur'aana keenyatti amane,yookaa dhugo'oomse .

الَّذِينَ ءَامَنُوا بِآيَاتِنَا

69} *Warra diin isaanii qabatee, dalagaa isaanii Rabbiif qulqulleyse .. gaafas

وَكَانُوا مُسْلِمِينَ ﴿٦٩﴾

* Jannata seenaa isaanin je'ama.

ادْخُلُوا الْجَنَّةَ

*Isiniifii,beerri keessan, kan islaamalleen

أَنْتُمْ وَأَزْوَاجُكُمْ

70} *Ni gammaddanii. ni guddifamtanii

تُحِبُّونَ ﴿٧٠﴾

*Warra jannatarraa ni naanawama,

يُطَافُ عَلَيْهِمْ

*Qorii ziqiyaa heddu'uun ,akka ta fedheraa namuu wan fedhe nyaatu.

بِصِحَافٍ مِّنْ ذَهَبٍ

*Ammallee geeba wahiin dhuganiin irra naannawan. dhugaatii adda addaatin tan habbuuqqaa duraatifii ta itti aantu , dhandhama keessatti wal dhabdu. Nyaanninis akkasi .

وَأَكْوَابٍ

* Jannata keessa, waan lubbuun jaalattu hundaatu j ira .

وَفِيهَا مَا تَشْتَهِيهِ الْأَنْفُسُ

*Waan ijatti miidhagu hundaatu jira.

وَتَلَذُّ الْأَعْيُنُ

71} *Isin yaa warra Rabbitti amane jannata san keessa, zalaalamii teessanii qananiitan.

وَأَنْتُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٧١﴾

*Sun jannata .

وَتِلْكَ الْجَنَّةُ

*Tan isin kennamtan yookaa dhaalchifam tan ,

الَّتِي أُورِثْتُمُوهَا

72} *Sababaa waan gaarii addunya`arra-

بِمَا كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٧٢﴾

tti dalagattaniin argattan. takkaa wanni ni dhaalchifamtan je'eef Rabbiin nama hundaaf, mana lama godhe tokko mana jannata keessa jiru, tokko kan ibidda keessa jiru. duuba namni amanee jannata seene , mana nama kafaree, ibidda seeneti dhaala. namni kafaree ibiddi seenes, mana nami cha islaamayee, jannata seenee, kan ibidda keessa jiru san, irraa dhaala, akkanatti jannanni dhaala taye

73} *Jannata keessa waan qananiidhaa, takkaa asheetaa ,heddu'uutu isiniif jira. Kan irra nyaattan. wanni nyaadhamu hundi, kan biraatitu bakka isaa bu'aa hin dhabamu.

لَكُمْ فِيهَا فَاكِهَةٌ كَثِيرَةٌ مِنْهَا تَأْكُلُونَ ﴿٧٣﴾

74} *Warri Rabbitti kafare ,azaaba ibiddaa keessa zalaalamii taa'ee gubata

إِنَّ الْمُجْرِمِينَ فِي عَذَابٍ جَهَنَّمَ خَالِدُونَ ﴿٧٤﴾

* Azaabni ibiddaa isaanirraa hin irraan laaffifamu.

لَا يَفْتَرُ عَنْهُمْ

75} *Isaan rahgmata Rabbirraa, garaa murataniiti ,cal'isan .(mublisuun} jechuun cal'isan jechu'. ammon yon xiqqoo khajeellaa qabaatan ni iyyatan.

وَهُمْ فِيهِ مُبْلِسُونَ ﴿٧٥﴾

*Nutu kuffaara san ibidda naquudhan ittin roorrifne.

وَمَا ظَلَمْنَاهُمْ

76} *Haa tayuu isaantu ifitti roorrise. Kan odoo itti himnuu, amanuu didanii kafar anii, azaaba if seensisanii, jannatarraa if hoongessan .

وَلَكِنْ كَانُوا هُمُ الظَّالِمِينَ ﴿٧٦﴾

*Hoggaa malakticha tokko ibidda taligu kan (maalik} je'arnu argan itti lallabani akki je'aniin:

وَنَادُوا يَمْلِكُ

*Rabbiin kee haa nu ajjeessuu ,nuu ka-dhu. akka duunee dabarree, azaaba jalaa baanu. je'aniin .

لِيَقْضِ عَلَيْنَا رَبُّكَ

*Duuba eega bara kuma je'eenii deeb-
isuuf jaa' ee (maalik } wanni
77} *Isin zalaalamii hin duutanii, ibidda
keessa teessanii gubattanii, usaa jechu'.
Akkasitti call'isan .

قَالَ

إِنَّكُمْ مَلَائِكَةٌ

*Rabbiin orma kuffaaraa kan quraana

لَقَدْ جِئْنَاكُمْ بِالْحَقِّ

qeebaluu diduun akki je'e: dhugumaan dubbii dhuga'aatin isinitti dhufne ,karaa ergamaa keenyaa Muhammadiin, karaa haqaa kan jannataatifii kan ibiddaa addaan isinii baafnee. waan gaari'iifii, waan hamtuu adda isinii baafnee.

78} *Haa tayuu irra hedduun keessan haqa jibba. Waan heyn'i,waan Rabbiin jibbu, kan nabseen jaalatturraa isa dhowwuf jecha, haga jibban

وَلَكِنَّ أَكْثَرَكُمْ لِلْحَقِّ كَرِهُونَ

*Si ormi kuffaaraa nabi Muhammad biyya baasu'uufii, takkaa hidhu'uufii, ajjeessu'urraa dubbataniiti, ni ajjeefnaadharratti walii galanii, muratanii, muranii jabeessanii !

أَمْ أَمْرًا

79} *Duuba yoo isaan waan san muran nutis akka nabi muhammad balaa isaanii jalaa isa baafnee isaan hoongees-sinu murree jirra, isa gargaarree mosifnee , isaan caphsinee, fixuu murree jirra

فَأَنَّا مُبْرِمُونَ

*Si isaan hoggaa mana tokko kan (daarunadwaa} je'amutti,dhoysa'aan maqoo bayanii, haasawan, waan nuti isaan hin dhageenye seyanii?

أَمْ يَحْسِبُونَ أَنَّا لَا نَسْمَعُ سِرَّهُمْ وَنَجْوَاهُمْ

*Dhuga'aa, isaan dhageenya waan isaan kophaa dubbataniifii, waan isaan namaan wajji haasawan ni dhageenya .

بَلَىٰ

*Malaykan dalagaa namaa eeydus isaan bira jirtii

وَرُسُلًا لَدَيْهِمْ

80} *Waan isaan je'an hunda ni katabdi.

يَكْتُمُونَ

*Wanni warra Rabbiin ilmoo qaba je'uun jettu .odoo Rabbiin ilmoo qabaatee.

قُلْ إِنْ كَانَ لِلرَّحْمَنِ وِلْدٌ

81} *Silaa namni ilmoo isaa san dura

فَأَنَّا أَوْلُ الْعَبِيدِ ﴿٨١﴾

gabbaru, anaa, ni kijibdan malee, Rabbiin ilmoon qabu. wanni ilmoo qabaatu'utti nama geessu haaja'a. akkasuma ilmoo qabaatun jaartii qabaatu'utti haajamti, wanni jaartii fuudhanii cinqii isi'jj ba'atanii, wajji bulu' u'utti nama geessu, haaja'a ilmoo haa naa hortu'uuf itti haajamanuu, waan biraatii itti haajamanuu sun hundi, waan ir' ummaa beysisu, Rabbiin dureessan haajamnee, kan gargaasifannee, Rabbiin ilmoo qabaa yaadun kufri'ii akkas yaaduu

*Rabbiin sami`ii dachii, uumee qabu qulqullaaye

سُبْحَانَ رَبِّ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Rabbiin arshii, waa hundarra guddoo uumee qabu qulqullaaye .

رَبِّ الْعَرْشِ

82} *Kijiba kuffaarri , ilmoo qaba je'ee isarra kaayurraa qulqullaaye. ilmoo qabaatun isaan hin malu irraa guddate .

عَمَّا يَصِفُونَ ﴿٨٢﴾

*Orma kuffaaraa san, haa badii isaanii keessa lixanii , itti dhiisi .

فَذَرَّهُمْ يُخَوِّضُونَ

*Haa addunyaa isaanitiin taphatanii, yoo qajeeluu baatan , ifirraa itti dhiisi,

وَيَلْعَبُونَ

*Hanga guyyaa isaanii arganitti. hanga du'anitti takkaa q iyaama' atti .

حَتَّىٰ يَلْقَؤُا يَوْمَهُمُ

83} *Guyyaa isa keessa qixaaxamu'uuf baallamni isaanii qabame sun guyyaa qiyaama aatii

الَّذِي يُوعَدُونَ ﴿٨٣﴾

*Waaqni , yookaa Rabbiin isa samii keessatti gabbaramu . yookaa ibaadamu

وَهُوَ الَّذِي فِي السَّمَاءِ إِلَهٌُ

*Kan dachii keessattis gabbaramu . yookaa ibaadamu .

وَفِي الْأَرْضِ إِلَهٌُ

*Rabbiin kan hikmaa qabu kan dalaagan isaa akka malee hin taane kan waa hunda bakka isiiin maltu kaayu.

وَهُوَ الْحَكِيمُ

84} *Rabbiin kan dantaa waan uumee beekhu. kan waan isaanii, tolchufii , waan isaan balleessu adda beekhu .

الْعَلِيمُ ﴿٨٤﴾

*Rabbiin .samiiifii , dachii uumee qabu

وَتَبَارَكَ الَّذِي لَهُ مَلِكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

*Kan waan dachi'ii samii jidduu jiru uumee qabu, waan isaan , hin malle hun darraa guddate .

وَمَا بَيْنَهُمَا

*Waytii qiyaaman dhaabbattu beekhun Rabbi bira jirti .isa malee namni saa`aa qiyaaman dhaabbatti beekhu hin jiru .

وَعِنْدَهُ عِلْمُ السَّاعَةِ

85} *Hundi keessan duaan gara isaa de-ebitan.

وَإِلَيْهِ تُرْجَعُونَ ﴿٨٥﴾

*Wanni kuffaarri Rabbii achitti ibaadu .yookaa yaammatu hin dandayu . yoo-kaa hin qabu.

وَلَا يَمْلِكُ الَّذِينَ يَدْعُونَ مِنْ دُونِهِ

*Nama tokkollee hin shafaan .

الْشَفَعَةَ

86} *Yoo nama haqa beekhee itti amane taye malee . kan akka nabi Iisaaa uzey-rii isaan odoo namni Rabbii achitti isaan ibaadelle`ee haatayuu murnina warra Rabbii tokkichatti amane ni shafaan .

إِلَّا مَنْ شَهِدَ بِالْحَقِّ وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿٨٦﴾

*Orma kuffaaraa saniin eenyutu isin uume ? yoo jettee yoo gaafatte .

وَلَيْن سَأَلْتَهُمْ مَنْ خَلَقَهُمْ

*Rabbumaatu nu uume je'an .

لَيَقُولَنَّ اللَّهُ

87} *Duuba Rabbii isaan uume ibaaduu dhiisanii , eessa deeman .

فَأَنِّي يُؤْفِكُونَ ﴿٨٧﴾

*Nabi Muhammad akki je' e : jechi isaa

وَقِيلِهِ

88} *Yaa Rabbii kiyya, jarri kuffaara kun sitti hin amanana .jeeetii Rabbitti himate . duuba Rabbiin akki je`een

يَرْبِّ إِنَّ هَؤُلَاءِ قَوْمٌ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٨٨﴾

*Dhiifama isaanii godhii .

فَأَصْفَحَ عَنْهُمْ

*An nagayan barbaada ji'i jeeen kun odoo jihaadatti hin ajajamin .

وَقُلْ سَلَامٌ

89} *Duuba waan isaan mudatu beeku`uuf taa`an .

فَسَوْفَ يَعْلَمُونَ ﴿٨٩﴾